# ERGAA PHAAWULOOS GARA WARRA TASALOONQEETTI ERGE - 2ffaa

1 Phaawuloos, Siilaasii fi Ximootewoos irraa;

Gara waldaa kiristaanaa warra Tasaloonqee ishii tan Waaqayyo Abbaatii fi tan Gooftaa Yesuus Kiristoos taateetti;

2Ayyaannii fi nageenni Waaqayyo Abbaa fi Gooftaa Yesuus Kiristoos irraa isiniif haa ta'uu.

**Galataa fi Kadhannaa**

3Yaa obboleeyyani, sababii amantiin[a] keessan akka malee guddachaa, jaalalli hundi keessan walii keessaniif qabdanis ittuma ida'aa jiruuf nu yeroo hunda waayee keessaniif Waaqa galateeffachuu qabna; kun barbaachisaadhaatii. 4Kanaaf nu qorumsa isin obsitan sanaaf, gaargala[b] mara keessatti jabaattanii dhaabachuu keessanii fi amantii keessaniin waldoota kiristaana Waaqayyoo keessatti sababii keessaniin uf jajna.

5Kun cuftinuu akka murtiin Waaqayyoo qajeelaa ta'e muldhisa; sababii kanaafis isin warra mootummaa isaa kan amma dhiphachaafii jirtan sanaaf maltan ni taatu. 6Waaqayyo qajeelaa dha; inni warra isin rakkissan ni rakkisa. 7Isin warra rakkattaniifis, nuufis boqonnaa ni kenna; kunis yommuu Yesuus Gooftaan ibidda balali'uun maleekkoota isaa humna qabeeyyii waliin samii irraa muldhatutti raawwatama[c]. 8Innis warra Waaqa hin beennee fi warra wangeela Gooftaa keenya Yesuusiitiif hin ajajamne ni adaba. 9Isaanis fuula Gooftaa duraa fi ulfinna humna isaa irraa fagaatanii badiisa barabaraatiin ni adabamu. 10Kunis guyyaa inni qulqulloota isaatiin kabajamuu[d] fi warra amanan hundumaa jidduutti ajaa'ibsiifatamuuf[e] dhufutti ta'a; isinis waan dhugaba'iisa[f] keenna amantaniif isaanitti lakkaawamtu[g].

11Nus waan kana yaadatti qabachaa, akka Waaqni keenya warra waamicha isaatiif malan isin godhuuf, humna isaatiinis kaayyoo keessan gaarii maraa fi akka hujii amantii keessanii mara fiixaan isinii baasuuf yeroo mara Waaqa isinii kadhanna. 12Nus akkuma ayyaana Waaqa

[a]3 ykn *dhugeeffachaa*; [b]4 ykn *ariyatama/ baqa;* [c]7 ykn *ta'a;* [d]10 ykn *ulfinna argatuu* [e]10 ykn *dinqifatamuuf/ maadeffatamuuf;* [f]10 ykn *dhugeessaa/ rageessaa;* [g]10 ykn *herregamtan*

keennaatii fi ayyaana Gooftaa Yesuus Kiristoosiitti akka maqaan Gooftaa keenya Yesuusi isin keessatti kabajamuu fi akka isinis isa keessatti kabajamtaniif waan kana cufa Waaqa kadhanna.

### Namicha Fincilaa

2 Yaa obboleeyyani, waayee
dhufaatii Gooftaa keenya
Yesuus Kiristoosiitii fi waayee
isa biratti walitti qabamuu keen-
naa wanni nu isin kadhannu isa
kana. 2 Innis raajii[h] yookaan dub-
bii tokko tokkoon yookaan xalayaa
akka waan nu erganneetti lak-
kaa'wamu[i] tokko tokkoon akka
isin guyyaan Gooftaa ammumay-
yuu dhufeera jettanii daftanii hin
raafamneef yookaan akka hin-
naaneefi. 3 Namni tokkolleen karaa
kamiiniyyuu isin hin gowwoom-
sin; otoo fincilli[j] duraan dursee
hin dhufin, namichi fincilaani
badiisaaf qopheeffame sunis otoo
hin muldhatin guyyaan sun hin
dhufuutii. 4 Innis waan Waaqa
jedhamu yookaan waan Waaqef-
fatamu hundumaa ni mormaa;
isaan durattis uf-tuula; "ani
Waaqa" ufiin jechuudhaanis mana
qulqullummaa Waaqayyoo keessa
ni taa'a.

5 Akka ani yeroo isin bira turetti
waan kana isinitti hime hin
qaabattanii?[k] 6 Akka inni yeroo
murteeffame sanatti muldhatuufis
waan amma isa dhowwu[l] ni
beettu. 7 Icciitiin[m] humna fincilaa
sanaa ammayyuu hujiitti jira;
garuu hanga inni amma humna
sana duubatti deebisu sun karaa
irraa fuudhamutti ittuma fufee
isa dhowwa. 8 Namichi fincilaan
sunis ni muldhata; Yesuus
Gooftaan immoo hafuuruma
afaan ufii isaatiin isa ajjeessa; ifa
dhufaatii isaatiinis isa barbade-
essa. 9 Dhufaatiin namicha fin-
cilaa sanaa akkuma hujii Sheex-
anaatti humna maraa fi milikki-
taan[n], baasa dharaatiinis ni ta'a.
10 Innis humna gosa maraa kan
warra badan sana ittiin gow-
woomsuun muldhata; warri
badan sunis sababii dhugaa silaa
ittiin fayyan sana jaalachuu
didaniif badu. 11 Kanaafuu Waaqayyo
akka isaan dhara amananiif[o] waan
nama wallaalchisu isaanitti erga.
12 Kunis warra dhugaatti amanuu
didanii jallinnatti gammadan
cufatti akka murtaawuuf.

### Jabaadhaa Dhaabadhaa

13 Yaa obboleeyyan Gooftaan
jaalatamtan, sababii Waaqayyo
jalqabumaa kaasee akka isin
karaa hafuuraan qulqulleeffa-
muutii fi karaa dhugaatti aman-
uutiin fayyitaniif isin filateef nu

[h]2 ykn *fagiisa/dubbii raagaa dubbachuu;* [i]2 ykn *herregamu;* [j]3 ykn *finqilii;* [k]5 ykn *hin yaadattanii?;* [l]6 ykn *dhoorgu;* [m]7 ykn *dhossaani;* [n]9 ykn *malkataan/ milikkeetaan;* [o]11 ykn *dhugeeffataniif*

yeroo hunda Waaqa galateeffachuu qabna. [14]Innis akka isin ulfinna Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos keessatti hirmaattaniif karaa wangeela keennaatiin kaayyoo kanaaf isin waame. [15]Egaa yaa obboleeyyani, jabaadhaatii dhaabadhaa; dhugaa nu karaa dubbii afaaniitiinis ta'u yookaan xalayaan isin barsiifne sana jabeessaatii qabadhaa.

[16]Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos mataan isaa, Waaqayyo abbaan keenna inni nu jaalatee karaa ayyaana isaatiin jajjabeenna barbaraatii fi abdii gaarii nuu kenne sunis, [17]Hujii fi dubbii dansaa mara keessatti garaa keessan haa jajjabeessuu; isin haa cimsus.

### Gaafii Kadhannaaf Dhiyaate

**3** Dhuma irrattis yaa obboleeyyani, dubbiin Gooftaa akkuma isin biratti ta'e sanatti akka dafee bakka[p] cufa gawuu fi akka ulfinnas qabaatu Waaqa nuu kadhadhaa. [2]Akka nu harka namoota hamootii fi jallootaa jalaa baanuufis nuu kadhadhaa; nama hundumattu amantii[q] qabaa mitii. [3]Gooftaani garuu amanamaa dha; inni isin cimsa; isa hamaa sanas isin irraa eega. [4]Nu akka isin waan nu isin ajajne sana hojjachaa jirtan, akka ittuma fuftaniis hojjatan karaa Gooftaatiin isin amanna. [5]Gooftaan garaa keessan gara jaalala Waaqayyootii fi gara obsa Kiristoosiitti haa qajeelchuu.

### Dirqama Hujii Hojjachuu

[6]Yaa obboleeyyani, isin obboleessa hujii hojjachuu hin jaalannee fi kan akka barsiisa isin nurraa argattan sanaattis hin jiraanne hunda irraa akka fagaattaniif maqaa Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin isin kadhanna. [7]Isin mataan keessan akkamitti akka fakkeenna keenya hordofuu qabdan ni beettuutii; Nu yeroo isin bira turretti hujii malee hin teenne. [8]Nus akka isin keessaa nama tokkottillee ba'aa hin taaneef jennee, dadhabbii fi rakkinnaan, halkanii guyyaa hojjachaa turre malee otoo gatii hin baasin buddeena nama tokkoollee hin nyaanne. [9]Nus fakkeenna isin hordoftan isinii ta'uuf jennee kana goone malee waan gargaarsa akkanaatiif mirga hinqabneefii miti. [10]Nu yommuu isin bira turretti ajaja, "namni hujii hojjachuu hin jaalanne kamiyyuu hin nyaatin" jedhu isinii kenninee turre.

[11]Akka isin keessaa namoonni tokko tokko hujii hojjachuu hin jaalanne dhageenneerra; namoonni akkanaa haajaa nama dhibii[r]

[p]1 ykn *fulaa;* [q]2 ykn *dhugeefachaa;*
[r]11 ykn *biraa*

keessa galuu malee ufii isaaniitii waan tokkollee hin hojjatani.
12Nus akka namoonni akkanaa kunniin adaba qabaatanii hujii hojjatanii fi akka buddeena isaanii nyaataniif maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiitiin isaan ajajna; ni gorsinas.
13Isin garuu yaa obboleeyyani, waan qajeelaa ta'e hojjachuutti hin laafinaa.

14Nama waan nu xalayaa kana keessatti isini beessifneef hin ajajamne kamiyyuu yaadatti qabadhaa; akka inni qaanawuufis isa wajjiin tokkummaa hin qabaatinaa.
15Ta'us akka obboleessaatti isa gorsaa malee akka diinaatti[s] isa hin lakkaayinaa[t].

**Dhaamsa Nagayaa Kan Dhumaa**

16Gooftaan nagayaa mataan isaas yeroo cufa, karaa cufaan nagaya isinii haa kennuu. Gooftaan hunduma keessan waliin haa ta'uu.

17Ani Phaawuloos xalayaa kana harkuma kiyyaan nan barreessa; kunis mallattoo[u] xalayoota kiyya maraati; akki ani itti barreessus kanuma.

18Ayyaanni Gooftaa keenna Yesuus Kiristoos hunda keessan wajjiin haa ta'uu.

[s]15 ykn *nyaaphaatti;* [t]15 ykn *hin herreginaa;* [u]17 ykn *akeeka*